

PROTECTIVE SERVICES OFFICER



VICTORIA POLICE UMMATA QOODA PROTECTIVE

SERVICES OFFICERS (PSO FUDHATEE DALAGU BARBAADA.

PSO maal dalaga do?

PSO lafa tireenaatti Viktooriyaa guututti gidduu saa'aa 6wb irraa haga 3wd barraaqaatti guyya hunda ummata karaa deemu 400,000 tirenatti oolu tiksu. PSO gaafatama kanneen qabu:

- Achitti argamuu fii ummata tireenatti oolu toohachuu
- Gaafii ummanni qabu deebisuuf tumsa kennuu
- Gorsa kennuu fii nagaa ummata tiksuu
- Rakkinna amala namaa laalu akka machii, ergarama dawaa tii fii qabeenna badu oolchuu



VICTORIA POLICE

Ani PSO ta'uu danda'aa?

PSO ta'anii Victoria Police tii dalaguuf, kanneen guutuu qabda:

Aanaa Austraaliyaa yookin Eehama Austraaliyaa Taa'uu Qabaachuu

Victoria Police seenuuf Aanaa Austraaliyaa yookin Eehama Austraaliyaa Taa'uu qabaachuu qabda.

Amalaa fii maqaa gaarii qabaachuu

Victoria Police nama (Protective Services Officer) ta'uuf iyyannaa galfatu guddisee qorata. Ibsa qorata Victoria Police laaluuf saraara kana laali: www.policecareer.vic.gov.au/psso/forms-psy.

Fayyaa eeggamu qabaachuu

Qooda fudhachuuf fayyaa eeggamu akka akeeka Victoria Police qabaachuu qabda. Ibsa akeeka fayyaa Victoria Police tiif saraara kana laali: www.policecareer.vic.gov.au/psso/forms-psy.

Ogummaa ga'aa afaan Engiliizii dubbachuu qabaachuu

Ogummaa PSO ta'uuf barbaachisu keessaa tokko afaan Engiliizii ga'atti dubbachuudha. Kana jechuun dandeetti dubbisuu, barreessuu, caqasuu fii sadarkaa dalagaa kee laalutti dubbachuu danda'uudha.

Hubata: Victoria Police nama afaan heddu dubbatutti hajama, nama afaan ummataa dubbatee Engiliizitti hiikuu danda'u.

Ragaa leenjisa baruumsaa yoo ganna 21 gadii

Yoo ganna 21 gadi taate, Ragaa Baruumsa Viktooriyaa (VCE) dabruu qabda yookin saniin qixa (Ragaan Ogummaa Baruumsa Viktooriyaa Sadarkaa Olaanaa (VCAL) seenuun dura ni fudhatama.

Ragaa Baabura Oofuu Viktooriyaa Qabaachuu

Yammuu qaxaramtu raga baabura oofuu Viktooriyaa qabaachuu qabda. Otomaatika yookin maanuwaala ta'uu fudhatamaadha.

Ibsa biroo beekuu qabu osoo PSO tiif iyyannaa hin galfatin?

- Akka PSO tti saa'aa 80 torbaan lamaan, faraqaa lama (3wb gidduu 7wb irraa jal qabee haga dhuma 2wd barraaqa irraa 3wd tti)
- Akka PSO tti wal diddaa garta, warra waa balleessu fii ummata dawaa fii machiin mudate
- Akka PSO tti seera kutaa tiiksuuf yaada mataa keetii, amantii fii siyaasaa alatti dalaguu qabda
- Akka PSO tti ibidda hidhachuu qabda
- Akka PSO tti amalli kee dalagaa fii dalagaa alattis sirraa fii Victoria Police irratti gaaddisa qabaata. Amalli kun gaarii fii akeeka Victoria Police waan mul'su ta'uu qaba
- Akka PSO tti baabura lafa dalagaa itti dhaqxu qabaachuu si feesisa, waan tajaajilli kara deemsaa yaroo dalagaa fixutti dhaabbatuuf
- Akka PSO tti leenisa booda hireen lafa dalagaa si laalama; haata'u malee kun argamuu irratti waan hidhame

PSO ta'uuf iyyannaan maal ta'a?

Akka nama iyyannaa galfateetti, dalagaaf filamuuf kortoo Victoria Police kanneen keesa dabruu qabda:

Kortoo 1	Iyyanna saraaraan galchuu www.policecareer.vic.gov.au
Kortoo 2	Qorannaa taa'uu
Kortoo 3	Duuba ofii laalchisuu
Kortoo 4	Fayyaa qaamaa laalchisuu
Kortoo 5	Fayyaa ilaalchaa godhuu
Kortoo 6	Qorannaa fayyaa gochuu
Kortoo 7	Duuba ofii sirriin qorachiisuu
Kortoo 8	Gaafiif deebii murnaa seenuu

Mindaa fii bu'aa qooda PSO?

- Mindaa hundee gaarii guyyaa jal qaba leenjisa irraa aansee
- Dabala mindaa gannaa tii fii keenna faraqaa dalagaa
- Eehama torbaan 9 lii (eehama gammachuu torbaan 5, torbaan 2 guyyaa ayyaanaa ummataa, guyya 10 hafiinsaa walitti qabame dabalee)
- Eehama Humna Tikaa
- Unifoormiin ni kennama
- Dalagaa Dhaabbattu (Job Security)

Leenjisa maal akka PSO tti argadha?

PSO keenna hundi leenjisa baatii 6 qaxaramuu argatu Victoria Police keessatti akka asi gadiitti:



Torbaan 1 haga 12: Leenjisa Akkaadamii Victoria Police, seera, ogummaa qunnamtii fii leenjisa nagaa dalagaa (hidhata qabatee)



Torbaan 13 haga 24: Leenjisa magaalaa Melborne walakkaa lafa tireenaa barsiisa wajjiin (Melbourne CBD)

Yoo ibsa caalu feete?

Victoria Police torbaan hunda ibsa PSO hedduu kenna Melbornitti.

Guyyaa fii saa'aa beekuuf laali saraara:
www.policecareer.vic.gov.au/ps0/info-session

Yookin

Ergi (E-mail) saraaraan gara:
rsbmarketing@police.vic.gov.au



VICTORIA POLICE